

Galanni kan Rabbii oltayeeti kan nu uumee akka nuti kheyrii adda addaa dalagnuuf waan gaggaarii hunda nuuf kenne, akkasuma nagayaa fi rahmanni Ergamaa keenya Muhammad irratti haa jiraatu.



Ji'oota kabajamoo fi kan Rabbiin filate keessaa baatin hajji tokko. Guyyoota hunda keessaa Caaltun, jaalatamtuun ammo kurnan duraa Zul hijjaati.

Sadarkaa guyya kurnan(10) duraa waan nugarsiisurra Rabbi akkana jechuun isiin kakate:

قال الله تعالى: ﴿وَالفَجرِ (١) وَلَيَالٍ عَشرٍ ﴾
سورة الفجر:٢،١

"Yeroo fajrii (barraaqa) fi galgalowwan kurnanitti (kakadhe)" jedha.

Ibnu kasiir (Rabbiin rahamta isaaf hagoodhuuti) Tafsiira isaa kesatti akki jedhe:

"galgalowwan kurnanitti " jechuun 'Guyya kurnan ZulHijaati'

Akkasuma Ibnu Abbaasi fi ibnu Zubeyrifi Mujaahid jedhanitti (Imaam Bukhaaritu odeesse).

وقال تعالى: ﴿وَيَذْكُرُوا اسْمَ اللَّهِ فِي أَيَّامٍ مَّعْلُومَات ﴾
الحج:٢٧

" Rabbii keessan yaadadhaa guyyaa beekkamtuu keessatti"

Ibnu Abbaas akki jedhe ' kutaa kurnaanZul Hijjaati .(guyyoolen beekamtuun).

Hadiisa Bukhaari fi kan biroolle kesatti , Ergamaan Rabbi (Nagayaa fi Rahamanni isaaniratti haajiraatu ) Akki jedhan:

وعن ابن عباس ﵄ قال: قال رسول الله ﷺ: "ما من أيام العمل الصالح فيهن أحب إلى الله من هذه الأيام العشر" قالوا: ولا الجهاد في سبيل الله؟ قال: "ولا الجهاد في سبيل الله إلا رجلٌ خرج بنفسه وماله فلم يرجع من ذلك بشيء"



"Guyyaan dalagaa gaarii itti dalaguun Rabbi biratti irra jaalatamu hin jiru guyyawaan kanarra" (Guyyaawwan kurnan Zul hijjaa) eegasi "Yaa Ergamaa Rabbii Jihaadinilleen moo? "Jedhanii gaafatan , Ergamaan Rabbii "Ee Jihaannillee , Nama karaa Rabbirrati lubbuu isaatiinifi hoorii isaatiin bahee eegaasi huma takkanillee kan deebi'iin yoo taate malee"

Ibn hajar akkana jedhe: (wanti guyyoolee kanneen sadarkaa addaatin adda baate, isii keessa haadholeen ibaadaa waan walitti qabamteefi, sunniinis Salaata, Soomana, Sadaqaa fi Hajjii dha guyyoolee biroo keessa akkatti hin dhufan ).

### Eega guyyaawwan kuni sadarkaa akkanaa qabaatee isa keessatti maal godhuu qabna?-



1. Salaata: Waqtiin lafa jala Salaata Waajibaatitti daddafuu, ammas Salaata sunnaa bay'isuu faa, kunniin ammo irra jaalatamtuu dalagaawwaniiti.

2. Soomana: Sadarkaan soomanni guyyoolen kunneen qaban kessaa keessattuu(Zul hijjaa guyyaa 9ffaa) -guyyaa arafaa kan Nabiyyichi soomana irraa gaafatamanii akkana jechuun ibsan:

" أحتسب على الله أن يكفر السنة التي قبله والسنة التي بعده " رواه مسلم

"Dilii bara dabarteetii fi tan bara dhufuu namarraa haquun Rabbirratti herreegadha" Muslimtu gabaase.

Guyyolee kurnan soomunis irra jaalatamaa dha jedhan Imaam Nawawiin. Garuu nama 'Arafa' dhaabatuuf (nama hajjii godhuuf) soomun hin jaalatamu.

3. Zikrriiwwan baay'isuu kan akka Tahmiida (Alhamdulillah), Tahliil (Laa'llaaha illaLlaah) Takbiiraa fa'aan. akkasumas haala mijateen dhiiraf sagalee olkaasun zikrii Rabbii heddummeeysun Jaalatamaa dha.

وعن ابن عمر ﵄ قال: قال رسول الله ﷺ : "ما من أيام أعظم عند الله سبحانه ولا أحب إليه العمل فيهن من هذه الأيام العشر؛ فأكثروا فيهن من التهليل والتكبير والتحميد" رواه أحمد

Hadiisa Abdallah ibn Umarirraa odeeyfame: Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhan: Guyyummaan Rabbi biratti jabaa fi jaalatamaan hin jiru guyyaa kurnan zul hijjaa kanarra, isii keessa Tahliila(Laailaaha illallah), Takbiiraa (Allahu akbar), Tahmiida (AlhamduLillah) baay'isaa" jedhan. Ahmad Odeesse.



4. Hajjii fi Umraa: dalagaawwan guyyoottan kanneen keessatti hojjataman keessaayi. Namni guyyoota kana keesa haala sirraawatin

Ibaadaa Hajjii raawwate gumaata guddaa Ergamaan haala armaan gadiitin ibsan keessa oola:

عن أبي هريرة ﵁، قال: سمعت رسول الله ﷺ يقول: "الحج المبرور ليس له جزاء إلا الجنة" متفق عليه.

Hadiisa Bukhari fi Muslim keessatti Abuu hureeyran (Rabbi irraa haa jaalatu) akkana jedheera: Ergamaan (S.A.W) akkana jedhan: (Hajjiin Qulqulluun Rabbi qeebale mindaan isaa Jannata malee hin jiru).



Akkaataa Takbiiraa ittiin jedhan:

أ ) الله أكبر. الله أكبر. الله أكبر كبيراً.

ب ) الله أكبر. الله أكبر. لا إله إلا الله. والله أكبر. الله أكبر ولله الحمد.

ج ) الله أكبر. الله أكبر. الله أكبر. لا إله إلا الله. والله أكبر. الله أكبر. الله أكبر ولله الحمد

i. Allaahu Akbar. Allaahu Akbar. Allaahu Akbar.

ii. Allaahu Akbar. Allaahu Akbar. Laailaaha illallaah. Wallaahu Akbar. Allaahu Akbar.Walillaahil hamd.

iii. Allaahu Akbar. Allaahu Akbar. Allaahu Akbar. Laailaaha illallaah. Wallaahu Akbar. Allaahu Akbar. Allaahu Akbar. Walillahil hamd.

5. Udhiyyaa; Dalagaawwan guyyoota kana keessa jaalatamanan keessaa Udhiyyaa ykn qalma qaluun rabbitti kalaayu dha.

- Udhihaan irra jabeeffamaa sunnaa Ergamaan (S.A.W)jabeessanirraayi.
- Rabbi wanti udhiyaa tanarraa fedhu sodaa (taqwaa) isaaf qabnu.

Yeroon itti qalamu erga lida salaatanii jalqabee hanga guyyaan 3ffaa aduun dhiyuuti.

- Gaala, horii ganfaa akkasuma Hoola fi Re'ee (kormas taye dhaltuu) udhiyyaaf ni qalaman.



- Addas nama tokkoon qaluun akkuma jiru nama torbaan tayuun Gaala, Sa'a ykn qotiyyoo waliin qalunis numa taya.
- Namni tokko ofirraa qalus namoota biroo kan jiran taye kan du'aniif niyyatee irraa qaluu ni dandaya. Akkasuma waan qalerraa warra ollaati fi kan birootif akka kennaa fi sadaqaatitti qoodunis barbaachisaa dha.



Kanaafuu, Guyyoolen kunneen Sadarkaa guddaa waan qabaniif Tawbaa Qulqulluu godhanii, Dilii irraa buqqa'uun haala gaarin simatuu barbaachisa. Akkasumas, isii keessa dalagaa gaggaarii rabbi jaalatu baay'isuu, hireen akkanaa tun nuuf deebi'uu dhabuu ni malti, nuti adunyaa tanarraa du'aan deemuu ykn akki rabbii waan hin beekkamneef saamatuu barbaachisa, osoo nadaayamayuun hin dhufne carraaqatuu, tattaafachuu barbaachisa.

Rabbiin ibaadaa isaatirratti akka nu gargaaru fi nu jajjabeessu kadhanna! Warra waan bareedaa dalagee Rabbi biraa mindaa gaarii argatu nu haa taasisu!






الحساب العام لدى مصرف الراجحي
SA 21 8000 0251 6080 1007 5881
حساب الوقف لدى مصرف الراجحي
SA13 8000 0251 6080 1017 7778
الحساب العام لدى بنك البلاد
SA13 1500 0999 1142 5508 0005
الحساب العام لدى بنك سامبا
SA98 4000 0000 0099 0724 3310

موقع المكتب على خرائط Google

مكتب الدعوة والإرشاد بالمعذر وأم الحمام
هاتف: 4884496 جوال: 0554455643
فاكس: 4827489 ص.ب 31021 الرياض 11497



# عشر ذي الحجة

باللغة الإثيوبية ( أورومو )

# Sadarkaa Guyyaa kurnaan (10) Duraa Zul Hijjaa


kan hiike: Daa'iyaa/ Abdulmenan Menza
Gulaalan: Daa'iyaa Abduljaliil Sheikh Ali Al Arusi

ترجمة : الداعية/عبد المنان منزا
راجع الترجمة الداعية/عبد الجليل شيخ علي العروسي


www.theda3wa.com